Amantiidhaan Jiraachuu

Tajaajila Kristiyaanaa LHM - Itoophiyaa

Kutaa 4ffaa
Barumsa 2ffaa

Sooraa

Egaa Waaqayyo akka bifa isaatti nama uume, ... S. Uumamaa 1:27-28

1. **Akeeka isa jalqabaa Waaqayyo namootaaf qabu ture maali**?

   Waaqayyo biyya lafaafi waan ishe keessatti argaman hunda uume, gaarii ta'uu isaa arge, namni umama jiran keessaa hangafa akka ta'u godhe olaantummaa kenneef,

   Akeeknni Waaqayyoo Akkas ture

   A. Jireenyi namootaa eenymmaa waaqayyo kan mul'su akka ta'u.
   B. Namni umaasaatiif ulfina fi galata galchuudhaaf ittigaafatamummaan akka itti dhaga'amu
   C. Namni Waaqayyoo wajjiin tokkummaa bara baraa akka qabaatu gochuu ture.
      Inni gara oliitti ibsame kunis Addaamfi Heewwan cubbuutti utuu hin kufiin dura akeeka tureedha.

      Dabalataan S.Umamaa 2:15 K.Deebii 32:6 Hizqeel 18:4, Rooma 14:8 Ef. 4:24

2. **Sooraan eenyuu?**

   Sooraan jechuun nama waan isatti kenname tokko eeguufi kunuunsu, kanaafis ittigaafatamummaa kan baatedha.
   Sooraan kristiyaanaa kan adda ta'u immoo waaqayyo abbaan waan hundumaa ta'uusaa hubatee isa inni itti kenne ogummaa waaqayyo biraa ta'een kan itti fayyadamu waa'ee kanaafis gaaf tokko waaqayyo duratti deebii kennuuf akka jiru kan beekuu ta'uusaatin adda ta'a.
   "... akkuma hojjetetti waan isaaf ta'u akka argatuuf nuyi hundumti keenya barcuma firdii kristos..." 2Qor. 5:10

3. **Sooraan kristiyaanaa maali dhaa?**

   Sooraan inni kiristiyaanaa, Waaqayyo kan nu itti kenne kara haqa fi itti gafatummaadhaan itti gargaramuuf kununisuu dha. Waan qabnuuf kan itti gargaramnu hundumtuu Waaqa keenya irraa kan nu kennamani dha.
   ... Egaa hojjetaan amana maani fi ogeessi, gooftaan isa naa'ota isaa warra kaaniif ... Luq. 12:42

   Dabalataan: - S.umamaa 39:4-6 maat. 20:8 ,Luq. 2:49, 16:1-8

4. **Amanaan jireenya itti gaafatamummaa qabu akka jiraatu maaliif barbaachise?**

   Amanaan Iyesus kristoosiin fudhate waaqayyo hammam akka isa jaallatu ni hubata, jalaala guddaa kana irraa kan ka'e Iyesus kristoos akka cubbuu kenyaaf jedhee du'uu waaqayyo nuuf erge, yaadni kun kristiyaanni jireenya itti gaafatamummaa qabu akka jiraatu isa taasisa akkasumas jireenya galataafi gammachuudhaan isa guuta.

   ... Namni tokko hundumaaf akka du'e, ... jaalalli kristoos nu qaba Qor. 2ffaa 5;14-15

   Dabalataan: - Yoh. 15:9 Rooma 8:35-40 Gal. 2:20 Yoh. 1ffaa 3:16

5. **Yeroofi dandeetti keenyaan Waaqayyoof ulfina kennuu attamitti dandeenya?**

   Namni Iyesus kristoositti amane waa'ee jaalala Waaqayyoo ni beeka, Waaqayyoofis ulfina kan kennu isa inni akka hojjetu isaaf qopheesse hojjechuudhaan karaa danda'u hunda warra biraa gargaaruuf kan dammaqe akka ta'u kana raawwachuufis kennaa fi dandeetti isaaf kenname karaa waaqayyo abboome kan itti fayyadamuudha. Gama biraatiin immoo kennaan namootaa adda adda ta'uusaa hubanna fakkeenyaaf, barsiisuun, dubbachuun, yaada namootaa hubachuufi kkf. keessaa kamiin iyyuu yoo qabanne sirnaan fayyadamuun nu irraa eegama.

akka hojii adeemsiftuu gaggaariin kennaa Waaqayyoo isa garaa garaa hojiirra oolchanitti. Pheex. 1ffaa 4/10/11

Dabalataan:- Qor. 1ffaa 12:27, 29:31 Ef. 5:5-17

6. **Hojii adeemsiisuu (Soorummaa) isa karaa maallaqaa ilaalchisee macaafni qulqulluun maal nutti hima?**

   Waan nuyi qabnnu hundinuu kan Waaqayyooti maallaqaafi iddoon qonnaa, mi'aafi k.k.f. kan nuyi qabnnu kennaa Waaqayyoo biraa nuuf kennamanii dha. hojii adeemsiftuun (Sooraan) waldaa immoo qabeenya kana hojiirra oolchuu akka ulfina Waaqayyoofi fayyina warra biraatiif ta'utti ta'uu qaba. Amnaan eebba argaterraa galata Waaqayyoof jecha hojii waldaa tiif, rakkattoonifi dhukkubsatooni akka ittin gargaaramaniif jaalalaan ni kenna. Qor. 2ffaa 9:7

   Dabalataan:- Fakk. 3:9 Milkk. 3:8-10 Luq. 6:38 Qor. 1ffaa 16:2

7. **Sooraa Kristiyaanni wangeelaa itti gaafatamummaan itti kenname waan ta'eef maal gochuu qaba?**

   Wangeelli namoota hunduma bira akka qaqqabu jaalala Waaqayyooti, wangeelli Iyesus isa waaqayyo fayyina keenyaaf nuuf kenne, namooni biroonis dhaga'ani akka fayyan ni barbaada waan ta'eef amantoonni kan irratti xiyyeeffachuu qabnnuudha.

   Dubbiifi hojiin keenya namaataaf fakkeenya ta'uu qaba. Akka isaan fayyaniif jijjiirama keenya agarsiisuudhaan dhugaa ba'uu nu barbaachis
   .... Egaa dhaqaa maqaa waaqayyo abbaa ilmaafi hafuura qulqulluutiin cuuphaa... Maat. 28:19-20

   Dabalataan: - Maat. 9:36-38, Luq 5:10-11, H. Erg. 1:8, Qor. 1ffaa 9:19 Qolaasiyaas 4:5

8. **Jireenya Soorummaa (hojii adeemsiftuu) jechuun maal jechuudha?**

   Qabeenyaan keenya, Dhagni, lubbuun, dandeettiin, humnaafi yeroon keenya hundumtu kan waaqayyaati, kanaaf jireenya keenyaafi kan warra biraa keessatti akeekni Waaqayyoo akka raawwatu hojjechuu qabnna. Fakkeenyaaf baala sammuu hadoochuu, dhugaatii, nyaata baayyee nyaachuun miidhaa waan qabanniif dhiisuun nuu ta'a.... ofii isaanitiif akka hin jiraanetti, inni hundumaaf du'eera Qor. 2ffaa 5:15

   Dabalataan:- Rooma 6:11, 14:8 Gal. 2:20 Filiphi 1:21

9. Jireenya kristoosirratti hundaa'ee qabaachuu keenya namoonni attamiitti hubatu (argu)?

Kristiyaanota ta'uu keenya namoonni beekuu kan dandaan laphee keenya guutuun, lubbun keenya gutuun, yaada keenya guutuudhaan namoota jaallachuudhaan, tajaajiluudhaan raawwii keenyaan jireenyi keenya kristoosirratti hundaa'uusaa yoo arganiidha.

Namoonni hojii keessan isa gaarii arganii.... Maat. 5:16

Dabalataan: - Yoh. 15:5-8 Qor. 1ffaa 6:20, 10:31 Pheex. 1ffaa 2:9:12

10. Sooraa (hojii adeemsiftuu) gaarii ta'uu keenyaan gammachuu attamii arganna?

Hojiin Waaqayyoof hojjennu gatii malee kan hafu hin jiru, Kristoos ati garbicha ko isa amanamaafi gaarii nana, gara gooftaa gammachuudhaan seeni jechuudhaan yemmuu nu galateeffatu nu gammachiisa.
... Itti dadhabuun keessan akkanumaan akka hin taane beektanii... Qor. 1ffaa 15:58

Dabalataan: - Daanieel 12:3 Maat. 25:19-21, Luq. 18-28-30 Gal. 6:9

Xumura Kutaa 4ffaa Barumsa 2 ffaa

Gaaffiiwwan kana afaaniin deebisuuf yaali, yoo sirakkise barumsicha keessa deebii ilaali.

Deebiicha yemmuu ati nuuf ergitu nuyis qabxii kee barumsa itti'aanu duukaa siif ergina. Gooftaan si haa'eebbisu.

Gaaffiiwwan Kutaa 4ffaa
Barumsa 2ffaa

1. Akeeka Waaqayyoo inni jalaqaba namootaaf qaba ture maali?
   A. _____
   B. _____
   C. _____
2. Sooraan (hojii adeemsiftuun) eenyuudha?

   _____

   _____
3. Sooraa (Hojii adeemsiftuun) kristiyaanni jechuun maali?

   _____

   _____
4. Sooraan maal gochuu qaba?

   _____

   _____
5. Sooraan kristiyaanummaa jechuun waan qabu hundumaa ulfina Waaqayyoo fi babalina mootummaasaa, jaalala Iyesuus irraa kan ka'e fayyina ofisaatiifi warra birootiif aarsaa gochuudha
   (Dhugaa) Ykn (Soba)

6. Deebii sirrii ta'e filadhu.

   Namni amanaan jireenya ittigaafatamummaa qabu jiraachuu kan barbaadu.

   ( ) A. Waan sodaatuuf
   ( ) B. Wangeelaaf jedheeti

7. Luqqisii kana fullaasi.

   Namni adduma addaa dhagna _____

   akkuma hojjetetti _____ _____kristoos duratti dhiyaachuuf jirra. Qor. 2ffaa 5:10

8. Waaqayyo sooraa isa amanamaadhaaf lafa kanarrattis ta'e biyya isa waaqarratti gatii isa kennuuf abdii kenneeraaf
   (Dhugaa) ykn (Soba)

9. Iyesuus gaaf tokko sooraawwan gaarii ta'anitti dubbachuuf kan jiru hima lama ibsi
   A. _____
   B. _____

10. Jireenyi kee kristoosirratti kan hundeeffame ta'uu isaa namoonni biroon attamittiin beeku?

_____

_____

Maqaa _____

Lakk _____

Teessoo _____

To'ataa _____